Wixinee Labsii Sirna Buusaa Gonofaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Qophaa'e Lakkoofsa _____/2014.

Aadaafi duudhaa walgargaarsaa uummanni Oromoo Sirna Gadaatiin dhalootaa dhalootaatti dabarsaa dhufe caalmaatti cimsuufi dagaagsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Fedhiifi kaka'umsa ummanni Naannichaa rakkoolee uumamaafi nam-tolchee turan furuuf waggoottan darban keessatti agarsiisaa ture daran cimsuuf gurmaa'insaafi hojmaata isaa seeraan utubuun sirna cimaa diriirsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Balaan tasaa miidhaa geesisuu danda'u yeroo gabaabaafi hatattamaan dhaqqabuun karaa hawaasa bal'aa hirmaachiseen lubbuu namaafi qabeenya irra gahuu malu baraaruu, dandamachiisuufi deebisanii dhaabuuf barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Tumsaafi gargaarsi ummanni Naannichaa nama rakkoof saaxilame gargaaruu, yeroo balaan uumamaafi nam-tolcheen muudatu taasisu iftoomina, hirmaachisaa, haqummaafi gaafatamummaa akka qabaatu taasisuun barbaachisaa waan ta'eef;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe Labsii Lakkoofsa 46/1994 Keewwata 49 (3)(a)tiin Labsiin kun baheera.

Kutaa Tokko
Tumaalee Waliigalaa

1. **Mata Duree Gabaabaa**

   Labsiin kun **"Labsii Sirna Buusaa Gonofaa Oromiyaa Lakkoofsa ____2014"** jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. **Hiika**

   Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Labsii kana keessatti:

   1) **"Balaa"** jechuun rakkoo sababa weerara dhibee, uumamaa yookiin nam-tolcheetiin lubbuu namaafi qabeenyaa irratti uumamuun hawaasni miidhaan irra gahe gargaarsa qaama biroo yoo argate malee haala jireenya isaa itti fuufsisuu hin dandeessisne irra yoo gahe jechuudha.
   2) **"Buusaa Gonofaa Oromiyaa"** jechuun Mana Hojii Mootummaa Naannichaa Labsii kanaan hundaa'ee ta'ee, caasaa isaa sadarkaan jiru kan dabalatuudha.
   3) **"Buusaa Gonofaa"** jechuun aadaa walgargaarsa ummataa ta'ee, balaan uumamaa yookiin nam-tolcheen hawaasa irra akka hin geenye ittisuufi yammuu hawaasni

rakkoof hawaas-diinagdeef saaxilame sirna hawaasa deeggaruu, baraaruu, dandamachiisuufi deebisanii dhaabuu jechuudha.

4) **"Deebisanii Dhaabuu"** jechuun namoota miidhaa balaatiin qabeenyi jalaa barbadaa'e, qe'ee isaanii irraa buqqa'an yookiin miidhaan cimaan irra gahe hanga danda'ameen jireenya isaanii kan duraatti akka deebi'an gargaaru jechuudha.
5) **"Fandii Buusaa Gonofaa"** jechuun Fandii kaayyoo buusaa gonofaa milkeessuuf balaa ittisuu, balaan yoo muudatu qaama balaan irra gahe gargaaruuf yookiin deebisanii dhaabuuf qabeenya maallaqaafi akaakuun madda adda addaa irraa walitti qabamuudha.
6) **"Gaaddisa"** jechuun Gaaddisa Buusaa Gonofaa Bu'uura Labsii kanaatiin hundeeffame jechuudha.
7) **"Gargaarsa"** jechuun nama yookiin qabeenya balaadhaaf saaxilame baraarsuudhaaf wantoota barbaachisan kan akka da'oo, nyaataafi nyaataan ala, bishaaniifi kan kana fakkaatan akka argatuuf kennamu jechuudha.
8) **"Gulantaa"** jechuun akkaataa sadarkaa umrii sirna gadaa keessatti tarraa'ee taa'e namoota umrii kana keessa jiraniif gahee, hojiifi dirqamni ittiin kennamu jechuudha.
9) **"Gumaata"** jechuun kennaa yookiin arjooma namni kamiyyuu kaayyoo buusaa gonofaa galmaan gahuuf maallaqaan, akaakuun yookiin tajaajila bilisaa kennuu jechuudha.
10) **"Hooggansa Sodaa Balaa"** jechuun adeemsa tooftaa itti fayyadama qajeelfamoota, dhaabbilee, ogummaafi dandeettii hojiitti gargaaramuun imaammattootafi tarsiimoowwan hojii irraa oolchuuf miidhaafi dararama balaan fiduufi fiduuf malu hambisuuf haala danddeettiin balaa qolachuu itti gabbatu jechuudha.
11) **"Naannoo"** jechuun Naannoo Oromiyaa jechuudha.
12) **"Nama"** jechuun nama uumamaa yookiin qaama mirgi namummaa seeraan kennameef jechuudha.
13) **"Qaamolee Mootummaa"** jechuun qaama seera baastuu, seera hiiktuufi seera raawwachiiftuu Mootummaa Naannichaa jechuudha.
14) **"Sodaa Balaa"** jechuun badii lubbuu, haala fayyaa, qabeenyaa jireenyaaf barbaachisoo, qabeenya dhaabataa, tajaajiala hawaasaa yookiin ummataafi kan biroo irratti wayita murtaa'e tokkotti gara fuulduraatti balaa miidhaa dhaqqabsiisuu danda'u jechuudha.
15) **"Yaa'ii Waliigalaa"** jechuun Yaa'ii Waliigalaa miseensota Buusaa Gonofaa bu'uura Labsii kanaatiin hundaa'e jechuudha.

3. Ibsa Koornayaa

Labsii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

4. Daangaa Raawwatiinsaa

Labsiin kun gurmaa'iinsaafi hojiiwwan Buusaa Gonofaa Oromiyaa kamiyyuu irratti raawwatiinsa ni qabaata.

Kutaa Lama

Kaayyoo, Qajeeltoo Bu'uuraafi Dagaagina Sirna Buusaa Gonofaa

5. Kaayyoo

Buusaa Gonofaa kaayyoowwan armaan gadii ni qabaata:

1) Aadaafi duudhaa walgargaarsa hawaasa Naannichaa cimsuun miirri lammiin lammiif gumaachuu akka dagaagu taasisuuf;
2) Dhaloota kennaa aadeffate, jaalala hojii, aadaa qusannaafi quuqama lammii qabu uumuuf; fi
3) Beekumsa, dandeettii, muuxannoofi qabeenya hawaasaa qindeessuudhaan qaamolee hawaasa balaa uumamaa yookiin nam-tolcheetiif akka hin saaxilamne ittisuu, kanneen saaxilaman deeggaruu, baraaruu, dandamachiisuufi deebisanii dhaabuuf.

6. Qajeeltoowwan Bu'uuraa

Buusaa Gonofaan qajeeltoowwan armaan gadii ni qabaata:

1) Gosaan, bifaan, koornayaan, sabummaan, umriin, afaaniin, ilaalcha siyaasaatiin, amantaan, bakka dhalootaan, qabeenyaan yookiin sababa ejjennoo birootiin loogii tokko malee gargaarsa namoomaa taasisuu;
2) Hawaasa gurmeessuun humnaan, beekumsaa, muuxannoofi qabeenyaan akka waltumsu taasisuu;
3) Aadaa, duudhaafi safuu ummataa giddugaleessa godhachuun tajaajiluu;
4) Seerota naannoofi biyyaa, akkasumas idil-addunyaa kabajuun hojjechuu;
5) Qaamolee adda addaa waliin tumsaan hojjechuu.

7. Haala Gumaataa

1) Gumaachi Buusaa Gonofaatiif taasifamu akkaataa armaan gadiitiin ta'uu ni danda'a:
   (a) Dhuunfaadhaan, Gareedhaan yookiin dhaabbataan;
   (b) Gulantaa umriitiin;
   (c) Koornayaan;
   (d) Ogummaan;
   (e) Qaamolee mootummaa yookiin mit-mootummaatiin; yookiin
   (f) Gurmaa'insa hawaasaa keessa jiru kan birootiin;

2) Raawwiin keewwata kanaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

8. Gosoota Gumaataa

1) Gumaatni Buusaa Gonofaatiif taasifamu kanneen armaan gadii ta'uu ni danda'a:
   (a) Maallaqaan;
   (b) Akaakuun; yookiin
   (c) Tajaajilaan.
2) Gumaachi akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1)tiin taasifamu kennaadhaan, gargaarsaafi arjooma yookiin gumaata qaamolee adda addaa irraa argamuufi baajata mootummaan ramadamu irraa ta'uu ni danda'a.
3) Raawwiin keewwata kanaa dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

9. Tooftaalee Raawwii Gumaataa

Gumaatni tooftaalee armaan gadiitiin kan raawwatamu ta'a:

1) Akkaataa gulantaa umrii sirna Gadaatti fayyadamuun hawaasa naannichaa ijaaruun gahee isaa akka bahatu taasisuu;
2) Gumaachuun dirqama lammummaa ta'uu hawaasa hubachiisuu;
3) Aadaan gumaachuu ummataa akka cimuuf sirna barnootaa sadarkaa tokkoffaa hanga dhaabbilee barnoota ol'aanaa keessatti akka hammatamuuf hojjechuu;
4) Namoota gumaataan fakkeenyummaa gaarii qaban sagantaa beekamtiifi badhaasaa diriirsuun hojiirra oolchuu;
5) Hojimaata qaamoleen adda addaa gumaata irratti itti hirmaatan diriirsuun hojiirra oolchuu;
6) Qaamoleen Gumaata qindeessan hojii deeggarsaafi hordoffii raawwachuu, raawwii gamaaggamuufi bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa fudhachaa deemuu;
7) Sirna qabiinsa ragaafi odeeffannoo hammayyaa'aa diriirsuu;
8) Manneen Hojii Mootummaa aadaa gumaachuu qaama karoora akka taasifatan gochuufi raawwii isaa hordofuun kan raawwatamu ta'a.

10. Hirmaannaa Ummataa

1) Namni kamiyyuu sabummaan, bifaan, lammummaan, koornayaan, amantaan, ilaalcha siyaasaan yookiin haala kamiinuu garaagarummaan osoo irratti hin taasifamiin ulaagaalee armaan gadii yoo guute miseensa idilee ta'uun hirmaachuu ni danda'a:
   (a) Gulantaa Umrii Gaammee fi isaa ol kan ta'e;
   (b) Kennaa yookiin gumaata miseensummaa irraa eegamu kennuu yookiin qabeenya yookiin tajaajila walgitu gumaachuu.

2) Qaamoleen mootummaa, dhaabbilee misoomaa mootummaa, dhaabbilee dhuunfaa yookiin mit-mootummaa ulaagaa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 (b) jalatti ibsame guutan miseensa idilee ta'uu ni danda'u.
3) Hangi kennaa miseensummaafi akkaataan kennaan itti raawwatamu Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 fi 2 Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1fi 2 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, namni miseensa hin ta'iin, kaayyoo Buusaa Gonofaa raawwachiisuuf gahee ol'aanaa bahaniifi fakkeenya jijjiiramaa ta'uun miseensota biratti fudhatama ol'aanaa argatan murtii Yaa'ii Waliigalaatiin miseensa kabajaa ta'uu ni danda'u.
5) Miseensi kabajaa Yaa'ii Waliigalaa irratti hirmaachuun yaada kennuu ni danda'a; ta'us mirga filuufi filatamuu hin qabaatu.
6) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1-4 jalatti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, namni kamiyyuu daangaa tokko malee kennaa maallaqaa yookiin akaakuun yookiin tajaajila bilisaa gumaachuu ni danda'a.

11. Mirgaafi Dirqama Miseensaa

1) Miseensi Buusaa Gonofaa mirga armaan gadii ni qabaata:
   (a) Nama Yaa'ii Waliigalaa irratti hirmaatu filuufi filatamuu.
   (b) Yaa'ii sadarkaan jiru irratti miseensota bakka bu'ee sagalee kennuu, yaada isaa bilisa ta'ee ibsuufi sochii hojii Buusaa Gonofaa beekuuf;
   (c) Yeroo barbaadetti miseensummaa gadi lakkiisuuf.
2) Miseensi Buusaa Gonofaa dirqama armaan gadii ni qabaata:
   (a) Kennaa miseensummaa yeroo murtaa'e keessatti kaffaluu;
   (b) Kaayyoofi ergama Buusaa Gonofaa galmaan gahuuf dirqama hojii kennamu raawwachu;
   (c) Seerotaafi murtiiwwan Buusaa Gonofaa ilaalchisee kennaman kabajuu.

12. Akkaataa Miseensummaan Adda Itti Cituufi Haareffamu

1) Miseensummaan sababoota armaan gadiitiin addaan cituu ni danda'a:
   (a) Dirqama gumaachuu waggaa tokkoof yoo addaan kute;
   (b) Dandeettii yookiin mirgi isaa Mana Murtiitiin yoo irraa mulqame;
   (c) Fedhii isaatiin miseensummaa gadi lakkisuuf barreeffamaan yoo dhiyeeffate;
   (d) Kaayyoo, ergamaafi qajeeltoowwan Buusaa Gonofaa yoo hin kabajne;
   (e) Miseensichi yoo du'e.
2) Namni miseensummaan isaa addaan cite yookiin haqame ni beeksifama.

3) Namni miseensummaa isaa akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1(a-d)tiin addaan citee ture, ulaagaa miseensummaa yoo guute irradeebiidhaan miseensa ta'uu ni danda'a.

Kutaa Sadii

Gurmaa'insa Sirna Buusaa Gonofaa

13. Gurmaa'insa

Sirni Buusaa Gonofaa Gurmaa'insa armaan gadii ni qabaata:

1) Yaa'ii Waliigalaa;
2) Gaaddisa Buusaa Gonofaa; fi
3) Buusaa Gonofaa Oromiyaa.

Kutaa Xiqqaa Tokko

Hundeeffama, Aangoofi Hojii Yaa'ii Buusaa Gonofaa

14. Hundeeffama Yaa'ii Waliigalaa Buusaa Gonofaa

1) Yaa'iin Waliigalaa Buusaa Gonofaa jedhamee kan waamamu sadarkaa Naannoo, Godinaa, Magaalaa Muummeefi Ol'aanaa, Aanaafi Gandaatti hundaa'ee jira.
2) Egaan ol'aanaa Yaa'ii Waliigalaa Naannoo Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa ta'a.

15. Miseensa Yaa'ii Waliigalaa

Yaa'iin Waliigalaa Buusaa Gonofaa miseensota armaan gadii ni qabaata:

1) Sadarkaa naannootti Godinaa, Magaalaa Muummeefi Ol'aanaafi iddoo biraa miseensonni itti argaman irraa bakka bu'uun kan hirmaatan kan qabaatu ta'a;
2) Miseensi Yaa'ii Waliigalaa sadarkaa naannootti hirmaatu nama Godinaa, Magaalaa Muummeefi Ol'aanaafi iddoo biraa miseensonni itti argaman keessaa filatameedha;
3) Baay'inni miseensota Yaa'ii Waliigalaa sadarkaa Naannoo, Godinaa, Magaalaa, Aanaafi Gandaa akkaataa baay'ina miseensota horatan irratti kan hundaa'e ta'ee Dambiin kan murtaa'u ta'a.
4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1-3 jalatti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee, Miseensota Caffee, Fooramii Afyaa'otaa Godinaa, Manneen Marii sadarkaan jiran bakka bu'an sadarkaa isaanitti Yaa'ii Waliigalaa irratti kan hirmaatan ta'a.

16. Aangoofi Hojii Yaa'ii Waliigalaa

Yaa'iin sadarkaa sadarkaan jiru aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Aadaafi duudhaa walgargaarsa hawaasa Naannichaa akka cimu taasisuun miirri lammii lammiif gumaachuu akka dagaagu ni hojjata; ni jajjabeessa;

2) Dhaloota kennaa aadeffate, jaalala hojii, aadaa qusannaafi quuqama lammii qabu akka uumamu ni hojjata; hubannoo ni uuma;
3) Imaammata, Tarsimoo, Sagantaaleefi Karoora hojiiwwan dagaagina sirna Buusaa Gonofaa irratti ni mari'ata; hojiirra oolmaa isaatiif ni tumsa;
4) Tooftaa miseensi haaraan itti horatamu irratti ni hojjeta;
5) Walitti qabaafi itti-aanaa walitti qabaa Yaa'ichaa miseensota keessaa ni filata;
6) Yaa'ii sadarkaa ol'aanu irratti bakka bu'uun miseensa hirmaatu ni filata;
7) Namoota miseensummaa adda kutan yookiin haqaman irratti ni murteessa;
8) Miseensota keessaa nama Gaaddisa Buusaa Gonofaa keessatti bakka bu'uun hirmaatu ni filata.

17. Bara Tajaajila Miseensaafi Sirna Walgahii Yaa'ii Waliigalaa

1) Barri hojii miseensota Yaa'ii Waliigalaa sadarkaan jiran waggaa afur ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti yeroo tokkoof irradeebiidhaan filatamuu ni danda'a.
2) Yaa'iin Waliigalaa sadarkaa Naannoo waggaatti yeroo tokko, kan godinaafi magaalotaa waggaatti yeroo lama, kan aanaafi gandaa waggaatti yeroo afur kan gaggeeffamu ta'a.
3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, haalli ariifachiisaan yoo mudate yookiin miseensota Yaa'ii Waliigalaa keessaa walakkaa ol gaaffii yoo dhiyeessan yaa'ii ariifachiisaa gaggeessuun ni danda'ama.
4) Miseensota keessaa walakkaa ol yoo argaman Yaa'ichi guutuu ni ta'a.
5) Murtiin Yaa'ii Waliigalaan kennamu sagalee caalmaan ta'ee, sagaleen kenname walqixa yoo ta'e sagaleen walitti qabaan deeggarame murtii Yaa'ichaa ta'a.

Kutaa Xiqqaa Lama

Hundeeffama, Aangoofi Hojii Gaaddisa Buusaa Gonofaa

18. Hundeeffama

1) Gaaddisa Buusaa Gonofaa kanaan booda **"Gaaddisa"** jedhamee waamamu sadarkaa Naannoo, Godinaa, Magaalaafi Aanaatti Labsii kanaan hundeeffamee jira.
2) Ittiwaamamni Gaaddisa sadarkaa Naannoo, Godinaa, Magaalaafi Aanaa akkaataa walduraa duuba isaatiin Pirezidaantii Naannichaa, Bulchaa Godinaa, Kantiibaafi Bulchaa Aanaatiif ta'a.

19. Miseensota Gaaddisaa

1) Miseensonni Gaaddisa Buusaa Gonofaa sadarkaan hundaa'anii baay'inaafi qaama irraa bakka bu'an Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
2) Hoogganaan Buusaa Gonofaa Oromiyaa barreessaa Gaaddisichaa ta'ee ni tajaajila.

20. Aangoofi Hojii Gaaddisaa

Gaaddisni aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Imaammata, tarsiimoowwan, sagantaaleefi karoora Buusaa Gonofaa irratti mari'achuun qaama ilaaluuf ni dabarsa;
2) Naannicha keessatti aadaan walgargaarsaafi sirni Buusaa Gonofaa lafa qabachuusaa ni mirkanneessa;
3) Aadaafi duudhaan walgargaarsaa, aadaan hojiifi qusannaa akka dagaagu tooftaalee adda addaa ni diriirsa; raawwiisaa ni hordofa; kallattii ni kenna;
4) Karoora gargaarsaa akka naannootti qophaa'u sakatta'ee mirkaneessuun qaama dhimmi ilaaluuf akka darbu ni taasisa; hojiirra ooluu isaa ni hordofa; ni to'ata;
5) Kennaa yookiin gargaarsa naannoofi naannoon alaa argaman ilaalchisee gabaasa dhiyaatuuf ni dhaggeeffata; ni gamaaggama; kallattii ni kenna;
6) Gabaasa odiitii itti fayyadama Fandii ni dhaggeeffata; ni gamaaggama; kallattii ni kenna;
7) Gargaarsa namoomaa Naannichaan alaatti taasifamu irratti murtii ni kenna;
8) Karoora raawwii Buusaa Gonofaa Oromiyaa ni hordofa; ni gamaaggama; kallattii ni kenna;
9) Namoota yookiin qaamolee gumaataan fakkeenyummaa gaarii qaban beekamtiifi badhaasni akka kennamu ni murteessa;
10) Haala roobaa, sochii qonnaa, haala midhaanii, haala beeyladaa akkasumas haala wabii nyaataa naannoo keessa jiru ragaa dhiyaatu irratti hundaa'uun yeroo yeroon ni gamaaggama;
11) Bu'aa gamaaggama adeemsifame irratti hundaa'uudhaan naannicha keessatti balaan gahuufi gahuu dhiisuu isaa ni mirkaneessa;
12) Qorannoo balaa qunnamu ilaalchisee gaggeeffamee dhiyaateef gamaaggamuun mirkaneessee ifa akka ta'u ni taasisa;
13) Ittisa balaa, saaxilamtoota yookiin miidhamtoota balaatiif Fandii Buusaa Gonofaa irraa hojiin ittisaa yookiin gargaarsaa akka taasifamu ni murteessa;
14) Hojii gargaarsaa naannicha keessatti adeemsifamu ni hordofa.

21. Sirna Walgahii Gaaddisaa

1) Gaaddisni kurmaana kurmaanaan walgahii idilee ni qabaata.
2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, haalli ariifachiisaan yoo muudate walgahii ariifachiisaan walitti qabaan waamamuu ni danda'a.

3) Walgahiin Gaaddisaa kamiyyuu qaboon yaa'iin kan qabamu ta'ee, sirrummaan isaa erga mirkanaa'ee booda, miseensotaan mallattaa'uu qaba.
4) Miseensota keessaa walakkaa ol yoo argaman walgahichi guutuu ni ta'a.
5) Murtiin kennamu sagalee caalmaan ta'ee, sagaleen kenname walqixa yoo ta'e yaadni walitti qabaan deeggarame murtii Gaaddisichaa ta'a.

Kutaa Xiqqaa Sadii

Hundeeffama, Aangoofi Hojii Buusaa Gonofaa Oromiyaa

22. Hundeeffamaafi Itti waamama

1) Buusaa Gonofaa Oromiyaa jedhamee kan waamamu Mana Hojii Mootummaa Naannichaa ta'ee Labsii kanaan hundeeffamee jira.
2) Itti waamamni Buusaa Gonofaa Oromiyaa Pirezidaantii Mootummaa Naannichaatiif ta'a.

23. Teessoo Buusaa Gonofaa Oromiyaa

1) Teessoon Muummee Buusaa Gonofaa Oromiyaa Magaalaa Finfinnee ta'ee, sadarkaa Godinaa, Magaalaafi Aanaatti Damee ni qabaata.
2) Keewwata kana keewwata Xiqqaa (1) jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, bakka miseensonni Buusaa Gonofaa jiran hundatti Damee qabaachuu ni danda'a.

24. Asxaa Buusaa Gonofaa Oromiyaa

1) Buusaa Gonofaa Oromiyaa Asxaa mataa isaa ni qabaata.
2) Akaakuun Asxaafi haalli ittifayyadama isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

25. Gurmaa'insa Buusaa Gonofaa Oromiyaa

Buusaa Gonofaa Oromiyaa gurmaa'insa armaan gadii ni qabaata:

1) Hoogganaafi Itti Aantota Hoogganaa; fi
2) Hojjettoota barbaachisaa ta'an.

26. Aangoofi Hojii Buusaa Gonofaa Oromiyaa

Buusaa Gonofaa Oromiyaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Imaammata, tarsiimoowwan, sagantaalee, seerotaafi karoora dagaagina Buusaa Gonofaa ni qopheessa, qaama ilaaluun yemmuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
2) Naannicha keessatti aadaan walgargaarsaafi sirna Buusaa Gonofaa lafa akka qabatu ni hojjeta; ni qindeessa;
3) Imaammata, tarsiimoowwan, sagantaaleefi karoora misooma mootummaafi dhaabbilee dhuunfaa bahan keessatti dagaaginni sirna Buusaa Gonofaa hammatamuu isaa ni mirkaneessa; raawwii isaa ni hordofa; sirna barnootaa keessatti akka hammatamu ni hojjeta; akkaataa barbaachisummaa isaatti deeggarsa ni kenna;

4) Aadaafi duudhaan walgargaarsaa, aadaan hojiifi qusannaa akka dagaagu ni hojjeta; hubannoo ni uuma; ni qindeessa;
5) Yaa'iin Buusaa Gonofaa sadarkaa sadarkaan akka hundeeffamu haala ni mijeessa; yeroo eeggatee akka gaggeeffamu ni deeggara;
6) Gumiiwwan walgargaarsaa adda addaa iddoo adda addaatti ni hundeessa; ni hordofa; ni deeggara;
7) Dhaabbilee miti mootummaa naannicha keessatti hojii gargaarsaafi wabii nyaataa irratti bobba'an ni qindeessa; ni hordofa; ni deeggara;
8) Dhaabbilee gargaarsa kennuurratti bobba'aniifi qaamolee dhimmi ilaalu waliin waltajjii marii ni qopheessa;
9) Hojii gargaarsaa gama sagantaa wabii nyaataatiin dhufu ni hooggana; ni qindeessa; ni raabsa;
10) Namoota yookiin qaamolee gumaataan fakkeenyummaa gaarii qaban akka beekamtiifi badhaasni kennamuuf hojmaata ni diriirsa; yoo hayyamamu hojiirra ni oolcha;
11) Bu'uura imaammataafi tarsiimoo baheen hooggansi sodaa balaa hojiirra ooluu isaa ni hordofa; raawwii isaas yeroo yeroon Gaaddisa Buusaa Gonofaatiif ni dhiyeessa;
12) Balaa uumamaafi nam-tolchee yookiin weerara dhibeetin kutaa hawaasaa saaxilaman tumsa hawaasaatiin akka gargaarsa hatattamaa argatan ni taasisa; ni hooggana; ni qindeessa;
13) Sagantaalee sodaa balaa hir'isan, miidhaa dhaqqabeef deebii kennuufi miidhamtoota deebisanii dhaabuu ni qindeessa; ni hordofa; ni gamaaggama;
14) Hojiiwwan gargaarsaafi wabii nyaataa irratti Waldaa Misooma Oromiyaafi Waldaa Walgargaarsaa Oromoo ni qindeessa; qindoominaan waliin ni hojjeta;
15) Fandii Buusaa Gonofaa Labsii kanaan hundeeffame murtii Gaaddisa Buusaa Gonofaatiin kennamu hojiirra ni oolcha; ni bulcha;
16) Hojii qophii pirofaayilii saaxilamummaa balaafi akkaataa barbaachisaa ta'etti pirofaayilicha irradeebiin haaromsuu qaama ilaallatu waliin ni gageessaa; ni qindeessa; sirna akeekkachiisa duraa ni diriirsa; hojiiraa ni oolcha; hojiirraa akka oolu ni taasisa; haala wayitaawaafi itti fufiinsa qabuun qaama dhimmi ilaallatuu waliin odeeffannoo wal ni jijjiira;
17) Balaan duraa, yeroo balaafi balaan booda qorannoofi gamaaggama sadarkaa hundatti gaggeeffamuu ni hooggana; ni qindeessa;
18) Sadarkaa naannootti giddugaleessa qindeessaa hojii akeekkachiisa duraafi deebii teeknolojii ammayyaatiin akka deeggaramu ni taasisa; ni gaggeessa; ni bulcha;

akkaataa barbaachisummaa isaatti giddugaleessonni walfakkaatan sadarkaa Godinaalee, Magaalotaafi Aanaaleetti akka hundeeffaman deeggarsa ni taasisa;

19) Kennaa yookiin gumaata yookiin deeggarsa maqaa Buusaa Gonofaatiin biyya keessaafi biyya alaatii argamu ni galmeessa; ni bulcha; qaama deeggarsi barbaachisuuf akka dhaqqabu ni taasiisa;
20) Qorannoo sabsii duraa, sabsii boodaa sirna nyaataa gaggeeffamu qindeessuun qaama dhimmi ilaaluun yammuu mirkanaa'u deeggarsi akka dhaqqabu ni taasisa;
21) Hojii isaa ilaalchisee qorannoofi qo'annoo ni gaggeessa; bu'aa isaa hojiirra ni oolcha;
22) Hojii isaa ilaalchisee ragaa walitti ni qaba; ni gurmeessa; qaama dhimmi ilaaluuf ni dabarsa;
23) Hojjettoota barbaachisaa ta'an ni qacara; ni ramada; hojiirraa ni gaggeessa;
24) Hojiiwwan galii maddisiisan irratti ittifufiinsaan ni hojjeta; ni hirmaata;
25) Qabeenya ni horata; ni bulcha; bu'uura seeraatiin qaama sadaffaa waliin waliigaltee ni seena; ni himata; ni himatama;
26) Hojiiwwan biroo kaayyoo hundeeffameef galmaan gahuuf gargaaran ni raawwata.

27. Aangoofi Gahee Hojii Hoogganaa

Hoogganaan Buusaa Gonofaa Oromiyaa aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Karoora hojiifi baajata waggaa qopheessee qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiirra akka oolu ni taasisa;
2) Caasaa qorachuun humna namaafi meeshaadhaan ni gurmeessa;
3) Hojjettoota akkaataa seera bulchiinsa hojjettoota mootummaatiin ni qacara; ni bulcha; ni hooggana;
4) Buusaa Gonofaa bakka bu'uudhaan qaamolee adda addaa waliin walqunnamtii hojii ni taasisa; walgahii irratti ni hirmaata;
5) Aangoofi hojii Buusaa Gonofaa hojiirra ni oolcha; bakka ni bu'a; qabeenya ni bulcha;
6) Herrega baankii Buusaa Gonofaa Oromiyaa ni bana; ni sochoosa; gabaasa herregaa ni qopheessa;
7) Murtiiwwaniifi qaboo yaa'iifi Gaaddisa Buusaa Gonofaa sirnaan ni qaba;
8) Barreessaa Yaa'ii Waliigalaa ta'ee ni tajaajila;
9) Gabaasa raawwii hojiifi baajataa qopheessee Yaa'ii Waliigalaafi Gaaddisaaf ni dhiyeessa;
10) Sirna hooggansa raawwii Buusaa Gonofaa Oromiyaa hojiirra ooluu isaa ni mirkaneessa;

11) Hojiilee biroo Pirezidaantii Mootummaa Naannichaafi Gaaddisa irraa kennamuuf ni raawwata.

28. Aangoofi Gahee Hojii Hoogganaa Itti Aanaa

Hoogganaan Itti Aanaan aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Imaammanni, tarsiimoon, karoorri, seerriifi sagantaaleen hojii mana hojichaatiin bahan hojiirra akka oolu hoogganaa ni gargaara;
2) Damee addaa bahee kennamuuf ni hooggana;
3) Hojiiwwan hoogganaan kennamaniif kan biroo ni raawwata;
4) Hoogganaan haala addaatiin yoo murteesse malee, bakka hoogganaan hin jirretti itti aanaan muudamaan dursu hoogganaa bakka bu'ee ni hojjeta.

29. Madda Galii

Maddi galii Buusaa Gonofaa Oromiyaa kanneen armaan gadii irraa ta'a:

1) Baajata mootummaan ramaduu; fi
2) Deeggarsaafi kennaa adda addaa irraa.

30. Galmee Herregaa

1) Buusaa Gonofaa Oromiyaan galmee herregaa guutuufi sirrii ta'e ni qabaata.
2) Galmeen herregaafi harshammeewwan faayinaansii yeroo yeroon Mana Hojii Odiitara Muummichaatiin yookiin qaama aangoo qabuun ni qoratama.
3) Gabaasa herregaa yeroo yerootti Gaaddisaaf ni dhiyeessa.

31. Bulchiinsa Bittaafi Qabeenyaa

Buusaa Gonofaa Oromiyaa:

1) Seera bittaafi bulchiinsa qabeenya mootummaa hordofuudhaan murtii Gaaddisaatin bittaa hatattamaa gargaarsaaf oolu ni raawwata.
2) Meeshaaleen gargaarsaa bittaan yookiin deeggarsaan biyya alaa galan qaraxaafi taaksii irraa bilisaan akka galuu danda'an qaama ilaallatu waliin ni hojjeta.

Kutaa Afur

Hundeeffamafi Bulchiinsa Fandii Buusaa Gonofaa

32. Hundeeffama

Fandiin Buusaa Gonofaa kanaan booda **"Fandii"** jedhamee kan waamamu, Labsii kanaan hundeeffamee jira.

33. Kaayyoo Fandichaa

Kaayyoon Fandichaa qabeenya jiru qindeessuun aadaafi duudhaan walgargaarsaa akka dagaaguufi gabbatu, balaa sababa adda addaatiin Naannichaatti muudatuuf gargaarsa hatattamaa kennuudhaan miidhaa lubbuu namaafi qabeenya irra gahuu danda'u

xiqqeessuuf yookiin namoota miidhaan irra gahee qe'ee isaanii irraa buqqa'an dandamachiisuufi deebisanii dhaabuuf yookiin deeggarsa namoomaaf taasifamuuf kan dandeessisu humna maallaqaafi qabeenyaa cimsuudha.

34. Madda Galii Fandichaa

Maddoonni galii Fandichaa kanneen armaan gadii irraa ta'a:

1) Bajata Mootummaan ramadu;
2) Kennaa yookiin gumaata miseensota Buusaa Gonofaa irraa argamu;
3) Gargaarsa, gumaataafi kennaa biyya keessaafi alaa irraa argamu;
4) Sagantaalee adda addaa galii argamsiisan irraa;
5) Qabeenya socho'uufi hin sochoone irraa galii argamu;
6) Madda galii kan biroo irraa argamu ta'a.

35. Bulchiinsa Fandichaa

1) Mallaqni walitti qabamu akkaawuntii addaa maqaa Fandichaatiin banamutti galii ta'a.
2) Qabeenyi akaakuudhaan walitti qabamu mana kuusaa addaa Buusaa Gonofaatin keessatti kan kuufamu ta'a.
3) Fandichi hojiirra kan oolu sirna seera faayinaansii naannichaa kan hordofu ta'ee, akkaataa murtii Gaaddisaa sadarkaa Naannootiin kennamuun kan raawwatamu ta'a.

36. Haala Itti Fayyadama Fandichaa

1) Fandichi hojiirra ooluu kan danda'u akkaataa murtii Gaaddisa Buusaa Gonofaa sadarkaa Naannootiin ta'a.
2) Bulchiinsaafi itti fayadamni isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

37. Galmee Herregaa Fandichaa

1) Fandichi galmee herregaafi harshammeewwan guutuufi sirrii ta'e ni qabaata.
2) Galmeen herregaafi harshammeewwan faayinaansii Fandichaa yeroo yeroon Mana Hojii Odiitara Muummichaatiin yookiin qaama aangoo qabuun ni qoratama.
3) Buusaa Gonofaa gabaasa raawwii hojiifi herreega Fandii Gaaddisaafi Yaa'ii Naannootiif ni dhiyeessa.

Kutaa Shan

Tumaalee Adda Addaa

38. Dirqama Deeggarsa Kennuu

Namni kamiyyuu dhimmoota Labsii kana keessatti ibsaman hojiirra oolchuuf deeggarsa kennuuf dirqama qaba.

39. Tumaalee Ce'umsaa

1) Bu'uura Labsii kanaatiin caasaan diriiree hanga hojiirra oolutti seeraafi caasaa duraan tureen wanti barbaachisu hundi kan raawwatamu ta'a.
2) Labsiin kun osoo hin bahin hojiiwwan eegalaman hundi Labsii kanaan akka eegalamanitti lakkaawamanii raawwiin isaanii kan itti fufu ta'a.

40. Mirgaafi Dirqama Dabarsuu

Mirgaafi dirqamni Komishinii Hooggansa Sodaa Balaafi Kaafaamtoota Misoomaa Oromiyaa dhimmoonni hooggansa sodaa balaa ilaallatan Labsii kanaan gara Buusaa Gonofaa Oromiyaatti darbee jira.

41. Seerota Haqamaniifi Raawwatiinsa Hin Qabaanne

1) Labsii Qaamolee Raawwachiistuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 242/2014 Keewwata 39 Labsii kanaan haqamee jira.
2) Labsiin, Dambiin, qajeelfamniifi barmaatileen Labsii kanaan wal-faallessan kamiyyuu dhimmoota Labsii kanaan hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

42. Aangoo Dambiifi Qajeelfama Baasuu

1) Labsiin kana raawwachiisuuf Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa Dambii baasuu ni danda'a.
2) Labsii kanaafi Dambii Labsii kana raawwachiisuuf bahu hojiirra oolchuuf Buusaa Gonofaa Oromiyaa Qajeelfama baasuu ni danda'a.

43. Yeroo Labsichi Hojiirra Itti Oolu

Labsiin kun guyyaa Caffeedhaan ragga'e irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Finfinnee, _____ Guyyaa _____ Bara 2014

Shimallis Abdiisaa
Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa